Australian Human Rights Commission
everyone, everywhere, everyday

OROMO

# *Afrikaanota Lammii Awustiraaliyaa ta'an:* Gabaasa waa'ee mirga namummaa fi hawaasummaa keessatti hamatamu- Gudunfaa waraqaa yaada marii

## Yaada kee baruu barbaadina

Nuy Awustiraaliyaa irraa jireenyaa fi seenaawwan waa'ee mirga namummaa Afrikaanota lammii Austiraaliyaa ta'anii dhagahuu barbadina.

Nuy  jireenya Awustiraaliyaa keesa jiru salphaa gochuuf waantoota jijjiiramuu danda'an ilaalchisee yaadota kee dhagahuu barbaadina.

Seecoo ati nuu kennitu gabaasa xumuraa qopheessuu keessatti gargaaramna. Gabaasni xumuraa kun namootaafi dhaabbilee murtiiwwan murteessanii fi tajaajilawwan kennan akkasumas ilaalchota lammiileen Awustiraaliyaa biraan Hawaasa Afrikaa irraatti qaban jijjiiruuf gargaara jenne abdanna.

## Waraqaan/Barruleen maal hojata?

Odeefannoo laachuufi Afrikaanota lammii Awustiraaliyaa ta'an (nama biraa fe'ii qabeessa ta'e) waa'ee seenaawwan, dhimmotaafi rakkoo isaanii akka nutti himan gaafata.

## Ati maal jetta?

Muxannoo fi ilaalchikke Hawaasa Afrikaanota lammii Awustiraaliyaa ta'aniif dhimmoota mirga namummaa fi hawaasummatti hammatamuu qopheesuuf nu gargaaruu danda'a.

Nuy keesumayyuu si irraa waan dhagahuu barbaadinu waa'ee muxannoo ati Austiraaliyaa keessatti qacarii hojii fi leenjii; barnoota; fayyaa fi nagaa; mana; fi haqaa waliin walqabatee qabdu dha. Waa'ee dhimmoota ykn rakkoolee atti qabdu biraa kamiyyuu nutti himuu dandeesu.

## Seenaa kee akkamitti nutti himuu dandeessu?

- Walgaa'iiwwanii fi garee nuy Awustiraaliyaa keessatti qindeessinu irratti kootta hirmaadha(muraasni isaani akka hirmaatu si gargaaruuf ogeesota turjumaana ni qabaatu)
- Sanada barreefaman nuu dhiyeessi (Odeefannoo armaan gadii ilaali)

## Odeefannoo waa'ee walgaa'iiwwan kunnennii esaa argachuu dandeessa?

- Neetiworkiiwwan Hawaasaatti akka ati odeefannoo argatu si gargaaru.
- Gaafa 16 March 2009 (in English) irraa eegalee weebsaayitii keenya: www.humanrights.gov.au/africanaus irratti argata.

## Eenyutu nugargaara?

**Pirojektiin kun hawaassaan/kommunititiin kan dursamu yoo ta'u** koree hoggansaa fi garee riferaansii kommunitii biyyoolessaa kan deegaramu dha. Koreen hoggansaa bakka buutota kommunitii lama: Daayreekteera ol'aanaa Gidduugala Dhimmoota Dubartoota Afrikaa Lammii Awustiraaliyaa kan ta'an Saamiyaa Baahoo fi Dura taa'aa Caffee Federeeshinii Kommunitiiwwan Afrikaa kan dhiyoo kana taayitaa gadi dhiisan Abeeseloom Nagaa fi bakka bu'aa tajaajila laataa, Eeyujeeniyaa Tsuulis, Daayreekteera Ol'aanaa Gidduugala Qabeenya Kibbaa Awustiraaliyaa qaba.

Gorsi biyyoolessaa dhaabbata Gorsitoota Maayraayid jedhamuun qindadha.

**Deegaartootni biraa**: Tajaajilawwan Barnoota addaa adda addaa Gaheessaa(AMES) kan Vikitooriyaatti argamu; Dhaabbata Fannoo Diimaa Awustiraaliyaa; Dhaabbata Faayaa Daayversiitii; fi Mootummaa Awustiraaliyaatti Qajeelcha Maatii, Manaa, Tajaajilawwan Hawaasaa fi dhimmoota dhalatoota biyyaa(FaHCSIA).

## Sanada akkati dhiyeesinu

Sanadni kee Afaan Ingilifaan kan dhiyaatu yoo ta'e teessoo I-meelii kanaan akka nuu ergitu filanna: africanaus@humanrights.gov.au

Yoo I-meelii nuu erguu hindandeessu ta'e ykn yoo Sanadni kee afaan keetiin kan barreefame ta'e, teessoo kanaan nuu barreessi:

*Sanada Projektii Afrikaanota Lammii Awustiraaliyaa Ta'an:*
Yuunitii Loogii Sanyii: Kutaa Barnootaa fi Walgargaarsawwanii
Australian Human Rights Commission
L. S.P. Addunyaa 5218
Sidinii NSW 2001 submission

Ykn faaksiin nuu eergaa: (02) 9284 9849.

## Guyyaa itti Sanada galchuun xumuramu: 30 June 2009

## Icciitii

Sanadni kee icciitiittiin akka qabamu yoo nutti himte malee akka sanadoota uummatatti ilaalama. Maaloo sanadni kee akka icciitii ta'e nutti himi.

## Akkamitti odeefannoo dabalataa argataa?

- Yoo afaan Ingilizii afaan dhaaloota kee mitti ta'e, namoota biraa naannoo kee jiraan akka sigargaaran gaafadhu ykn dhaabbilee naannoo kee jiraan kan hojataan isaanii nama garagaaru danda'an yaali
- Gara weebsaayitii www.humanrights.gov.au/africanaus deemi.
- Teessoo Imeelii kana gargaagaramuun gaaffiiwwan kee nuu ergi africanaus@humanrights.gov.au
- Gaaffiiwwan yoo qabaate (02) 9284 9600 or 1800 620 241 (TTY) nuu bilbili

## Loogiin si irra gahaa jiraa?

Waa'ee mirgoota kee seera loogii jalatti tumame ilaalchisee odeefannoo dabalataa argachuuf:

- www.humanrights.gov.au/complaints_information/index.html bira deemii ilaali
- www.humanrights.gov.au/about/languages/index.html bira deemii ilaali (Afaan ati beektuun yoo waraqaan odeefannoo hin jiru ta'e, komii kee irratti mari'achuuf turjumaana qindeessuu dandeenya, kanaafuu maaloo nuu bilbuli)
- **Tajaajila turjumaana bilbilaa kan kanfaltii alaa** 131 450 irratti bilbiliitii afaan keetiin dubba'uu akkasumas Komishnii Mirga Namummaa Awustiraaliyaa 1300 656 419 irratti biibli gaafadhu.
- Sarara Odeefannoo Komii dhiyeefatootaa 1300 656 419 irratti bilbili